



Beeksisa Haaraa Itoophiyaadhaf

**Gaafa Ebla 12, 2024
Mootummaan U.S.
lammiilee Itoophiyaaf Redesignation
kan (TPS) beeksise.**



Kana jechuun namoonni Itoophiyaarraa dhufanii **Ebla 11, 2024 irraa kaasee** U.S. keessa jiraataa turan Sadarkaa Yeroof Eegame (Temporary Protected Status, TPS) dhaaf akkasumas hayyama hojiif galmaa'uu ni danda'u.



Ebla 15, 2024 irraa ka'uun TPS dhaafi hayyama hojiif galmaa'uu ni dandeessu.

Kanneen **duraanuu TPS qaban** TPS isaanii dabalataan ji'a 18f **haaressuu danda'u, sadarkaa isaanii akka hin dhabneef Ebla 15, 2024 fi Waxabajjii 15, 2024 gidduutti** deebisanii galmaa'uu qabu.



Namoota sobaan deeggarsa seeraa kennina jedhan akkasumas namoota sobaa biroorraa of eegaa

Hin dagatinaa:

- Abbaa seeraa hayyama qabu ykn bakka bu'aa Biroo Haqaa (Department of Justice, DOJ) dhaan hayyamameef qofatu bakka keessan bu'ee iyyata isiniif galchuu danda'a.
- Notariin (qaamni sanada raggaasisu) mootummaa kan abbaa seeraa hayyama hin qabne bakka bu'uun unkawwan kana siif guutuu/galchuu hin dandeenye. Akkasumas kana gochuuf si kaffalchiisuu hin danda'an,



Seerri immigireeshinii wal-xaxaadha. Kanneen sobaan deeggarsa seera immigireeshinii kennina jedhaniifi dhiyeessitoota sobaa biroo wantoota armaan gadii ni raawwanna jedhan irraa of eeggadhaa:

- Karaa ittiin **hatattamaan** hayyama hojii ykn visa argatan.
- Jechoota **balaa ykn rakkoo homaa hin qabu** jedhu of keessaa qabu dubbatan.
- Hoggantoota immigireeshinii waliinb **hidhata cimaa** qabna kanneen jedhan.



Gowwoomsaa seeraa immigireeshinii irraa akkamitti akka of eegdan odeeffannoo dabalataa argachuuf, maaloo marsariitii keenya ilaalaa:



<https://www.nyc.gov/site/immigrants/legal-resources/avoid-fraud.page>



1-800-354-0365

Sarara Bilbilaa Deeggarsa Seeraa Immigireeshinii (Mayor's Office for Immigrant Advancement, MOIA) tti bilbiluun **Wiixataa hanga Jimaataa, 9AM hanga 6PM**gargaarsa seeraa argachuu dandeessu.